



Gadaa Journal/Barruulee Gadaa

Volume 5, No.2, June 2022
<https://journals.ju.edu.et>

e-ISSN: 2616-3985
p-ISSN: 2616-3977

A Bilingual Journal of the Institute of Oromo Studies
(IOS) Jimma University

Full Length Research Paper

Qaaccessa Caasaa Weedduu Oromoo Yoomessa Tika Loonii: Akka Aanaa Jalduutti

Mangistuu Tulluu (PhD)¹*fi Guutuu Damee²

¹Yuunivarsiitii Amboo ² Yuunivarsiitii Salaalee

Iimeelii- taddimange@gmail.com

Submission Date: August 25, 2021

Acceptance Date: April 02, 2022

Axareeraa

Qorannoon kun Qaaccessa Caasaa Weedduu Oromoo Yoomessa Tika Loonii aanaa Jaldurratti xiyyeeffata. Kaayyoon ijoo qorannichaas caasaa walaloo weedduu yoomessa tika looniikan akka Aanaa jalduutti beekkaman funaanuun qaaccessuudha. Kaayyoo kana milkeessuuf ammoo walaloon weedduu yoomessa tika loonii hawaasa Oromoo aanaa Jalduurraa mala iddatteessuu akkaayyoofi darbaa dabarsaatiin foo"aman irraa funaanameera. Odeeffannoo kanas malleen funaansa ragaa af-gaaffii gamisaan caaseffamaafi marii garee xiyyeeffataatiin funaanamuun caasaa isaanitiin qoqqoodamuun mala xiinxala ragaa akkamtaatiin xiinxalamaniiru. Adeemsa xiinxala ragaa keessatti yaadiddama caasessamaatti dhimma bahuun caasaan walalooweedduu yoomessa tikaloonii xiinxalameera. Bu"uuruma kanaan walaloon weedduu yoomessa tikaloonii tokko bo"oowwan afurirraa kan ijaaramu ta"uu, bo"oowwan tokkoffaafi sadaffaan baay"ina birsagootaan yommuu walgitan bo"oowwan lammaffaafi arfaffaan baay"ina birsagaatiin kan wal gitan ta"uun hubatameera. Yeroo ammaa weedduun yoomessa tikaloonii hawaasa Oromoo aanaa Jalduu biratti laafuufi sadarkaa dagatamuurra gahuunsaa bira gahameera. Laafuufi dagatamuu weedduu yoomessa tika loonitiif sababni dhiibbaa amantii, siyaasaa, ammayyummaa, teekinoolojiifi dhiphachuu lafa margaa ta"uu argannoon qorannichaa ni mul"isa. Argannoowwan armaan oliitiif, yaadni furmaataas kaa"ameera.

Jechoota Ijoo: Caasaa, weedduu, tiksee loonii, xiinxala

* Corresponding author

Abstract

This research focused on the Structural Analysis of the Oromo cattle herding songs in the Jalduu district. The main purpose of the research was to collect and analyze the poetic structure of the cattle-herding songs known in the Jaldu District. The sample of the study was selected through purposive and snowball sampling techniques. The data were collected through semi-structured interviews and focus group discussions and analyzed qualitatively. The cattle-herding songs of Oromoo are composed of four stanzas. The first and third stanzas are equal in the number of verses while the second and fourth stanzas are equal in the number of stanzas to be understood and to be equivalent. Currently, the Oromoo Song of herding cattle in the Jalduu district is weakened and forgotten among the Oromoo community in the district. The findings of the study show that the reasons for the weakness and forgetfulness of cattle herding songs are religion, politics, 'modernism', technology, and the lack of grassland pressures. As a possible solution incorporating the songs into the curriculum, promoting songs using different media, conducting further in-depth research from different perspectives, and using those songs as documentary background music are recommended.

Key Terms: Structure, song, cattle-herder, analysis

1. Seensa

(Berhanu, 2013); (Finnegan, 1992); (Dorsan, 1972)fi (Bukanya, 1994)n akka jedhanitti, og-afaan ogummaa afaanii kan hawaasni dhimma addaa addaa ittiin ibsachuuf dhimma itti bahu, kan afaaniin qindaa`uufi afaanumaan dhalootarraa gara dhalootaattii daddarbaa jiraatuudha. Akkasumas, (ሰ ለ ጥግ , 2007) og-afaan ogummaa yaada yeroo dheeraaf sammuu namootaa

keessa ture himuun, seenessuun, sirbuun namoota biroo yaadachiisaa kan daddarbu ta`uusaa kaasa. Yaada hayyoota kanarraa wanti hubatamu, og-afaan ogummaa afaaniin qindaa`u kan afaanumaan deebi`ee hawaasaaf dhihaatuufi haaluma jireenya hawaasicharraa maddu ta`uusaati.

Af-walaloonis damee ogafaanii haalli jiruuf jireenya ummataa keessatti ilaalamuudha. Yaada kana deeggaruun, (Jeylan, 2005) Af-walaloon haala jireenya hawaasaa keessaa waan madduuf akkaataa jireenya hawaasa kan ibsuufi miira keessoo hawaasichaa kan calaqqisiisudha jedha. Gabaabumatti, af-walaloon kuusaa muuxannoofi muudannoo hawaasaa ta`ee, akkaataa miira keessoo namaa ibsuun kan qindaa`uufi dhalootarraa dhalootatti afaaniin daddarbuudha.

Oromoonis akkuma hawaasa biroo dhimmoota bu`aa ba`ii jireenyasaa keessatti isa muudataniifi beekumsa muudannoo kanarraa kuufate afwalaloodhaan waliif qooda. Af-walaloowwan ummata Oromootiin yeroo garaagaraatti kalaqaman kunis, haala jiruufi jireenya hawaasichaa ibsuurra darbanii guddina muuziqaa ammayyaatiif gumaachaniiru.Yaaduma kana deeggaruun (Fiqre, 2008) ummanni Oromoo sirbaa fi shubbisoota mimmiidhagoo miira namaa hawwatan kalaquufi taphachuun guddina muuziqaa Itiyooophiyaa har`aatiif tumsuu isaanii ibseera.

Af-walaloon weedduuyoomessa tika looniis gosoota af-walaloo dhimmoota garaagaraatiif oolan keessaa tokko ta`uu(ሰ ለ ጥግ , 2007) ibseera. Af-walaloon weedduu weedduu yoomessa tika loonii gosoota af-walaloo Afaan Oromoo keessaa tokko ta`ee kan namoonni hojii tika looniirratti bobba`an weeddisan ta`uu, (Tadesse, 2016) barreesseera. Oromoon dhimmoota

jireenya isaa weedduu tiksee loonitti dhimma bahuun kan ibsatuwaan ta'eef weedduun kun hawaasa Oromoo aanaa Jalduu biratti beekamaadha. Haa ta'u malee hanga qorattooni kun sakatta'anitti caasaa weedduu yoomessa tika loonii aanaa jalduurratti qorannoon adeemsifame hin argamne. Haalli weedduun tiksee yeroo amma keessa jiruufi hireen weedduu tiksee kan gara fuulduraa xiinxalamee hin kaa'amne. Weedduun kun dhaloota itti aanee dhufutti darbuu kan danda'ummoo, yoo qoratamee barreeffamee kaa'ameedha. Kanuma bu'uureffachuudhaan qorannoon kuncaasaa af-walaloo weedduu yoomessa tika loonii gadi fageenyaan xiinxaluun beekumsa hawaasaa gama kanaan dhokatee ture ifatti baasuuf adeemsifame.

Kaayyoon bu'uura qorannoo kanaa, caasaa afwalaloo weedduu yoomessa tika loonii Oromoo aanaa Jalduu xiinxaluu yommuu ta'u, kaayyoleen gooree qorannoo kanaammoo walaloo weedduu yoomessa tika loonii qaaccessuu, haala weedduun yoomessa tika loonii yeroo amma irra jiru ibsuufi hiree weedduu yoomessa tika loonii kan gara fuulduraa xiinxaluudha.

2. Sakatta'a Barruulee

Yaadiddama Caasessamaa (Structuralism)

Yaadiddamni Caasessamaa bu'aa hojii hayyuu Ferdinand de Saussure yommuu ta'u, yaada bu'uura lama qaba. Isaanis bakka bu'aafi bakka bu'amaa yommuu ta'an, bakka bu'aarratti xiyyeeffachuun caasaa caasaatti caccabsuun beekumsa qorachuun akka danda'amu agarsiisa. Akka yaada yaadiddama Caasessamaatti, afwalaloo caasaa caasaatti caccabsuun qorachuun akka danda'amu (Finnegan, 1970) ibsiteetti. Adeemsi caasessitootaa wanta hundumaa garee gareetti caccabsuun seera ittiin xiinxalaman kaa'uu akka ta'e (Dundes, 1976) ibseera. Akkuma xiyyeeffannoon yaadiddama caasessamaa af-walaloo caasatti qoqqooduu ta'e, qorannoo kana keessattis caasaan afwalaloo weedduu yoomessa tika loonii bu'uura yaadiddama caasessamaatiin caasaalee xixiqqootti caccabuun xiinxalamaniiru. Akka yaada yaadiddama caasessamaatti afwalaloo yommuu xiinxallu hiika caasaan sun dabarsuun osoo hintaane akkaataa caasaan afwalaloo sun hiika sana ittiin dabarsuf itti ijaaramerratti xiyyeeffachuu qabna. Yaaduma kana kan dhugoomsu (Tyson, 2006) yaadiddamni caasessamaa ergaa caasaa fookiloorii osoo hin taanee akkaataa caasaaleen sun waliin hiriirani ergaa sana itti dabarsan kan xiinxalu ta'uu kaasa. Akkaataa caasaaleen sun ergaa sana ittiin dabarsan bira gahuufis hariiroo olee-gadeefi dalgee caasaalee sanaa xiinxaluun barbaachisaa ta'uusaa ibsa. Kaayyoon qorannoo kanaa caasaalee afwalaloowwan weedduu yoomessa tika loonii qaaccessuu waan ta'eef yaadiddamoota xiinxala afwalaloo jiran keessaa yaadiddamni caasessamaa filatameera. Kana jechuun, caasaa afwalaloowwan weedduu yoomessa tika loonii qaaccessuuf yaadiddamani caasessamaa akka filatamu kan taasisa kaayyoo qorannichaati jechuudha. Bu'uuruma kanaan qorannoo kana keessattis caasaaleen afwalaloo weedduu yoomessa tika loonii Oromoo aanaa Jalduu hariiroo olee-gadiifi dalgee qabaniin ilaalamuun hiikni isaanii xiinxalameera.

Og-afaaniif hiikni garaagaraa kan kennaman yommuu ta'u, dubbii afaaniitiin yeedaloon kennameefii, yookaan osoo hinkennamiin kalaqaafi ogummaa dhimma hawaasummaa addaa addaa irratti xiyyeeffatee aadaa, duudhaa, safuu, seenaa, eenyummaa hawaasaa, walumaagalatti, ogummaafi jireenya hawaasa tokkoo ibsuuf humna guddaa qabu ta'uusaa

(Dorsan, 1972) ni ibsa. . Kunis, jireenya hawaasaa keessatti sochii godhamuun bu'aa bahii jireenyaa, mudannoowwan gara garaa, rakkoowwan isaan mudatan bira darbuudhaaf qabsoo godhamu keessa uumamaa kan deemu ta'uusaa (Berhanu, 2013) barreesseera.(ሰ ለ ጥግ , 2007)

ogafaan waggoota dheeraadhaaf beekumsa sammuu dhala namaa keessaa madde yaadachuun namoota birootti himamsa afaaniin, mammaakuun yookan yeedaleessuun ogummaa dhalootaa gara dhalootatti darbaa dhufe ta'uusaa ibsa.(Bukanya, 1994)ogafaanogummaa falaasama hawaasaa, aadaa, haala jireenyaa, duudhaa, barsiifata hawaasaa, seenaa, wantoota jireenya keessatti nama muudatanittiin dabarsaniifi beeksisan ta'uu ibsa.

Hiikawwan armaan olitti kennaman irraa wanti hubatamu ogafaan haala jireenya hawaasa tokkoo kanibsuufi beekumsi hawaasaa akka cimaa deemu kan godhudha. Hawaasni ogafaan isaatiin muuxannoo jiruufi jireenyaa, duudhaa, rakkina jireenya keessatti isa muudate kan ittiin ibsatu ta'uu isaati. Ogafaan duudhaawwan afaaniin dhalootaa dhalootatti daddarban keessaa tokko ta'ee baroota dheeraaf sammuu namootaa keessaa burqee himamufi yoomessa murtaa'ee keessatti kan qindaa'ee raawwatudha.

Ogafaan gosa fooklorii keessaa tokko ta'ee muuxannoofi mudannoo akkasumas qabeenya hawaasaa kan ta'an kanneen akka oduu durii, sheekkoo, eebba, abaarsa, mammaaksa, hibboo, qoosaa, weedduu, sirbaafi kkf of keessatti hammata. Walumaa galatti, ogafaan jechuun hawaasni tokko jiruufi jireenya isaa yeroo dheeraadhaa kaasee afaaniin kan ittiin waliif dabarsaa ture; ammas itti jiru; gara fuula duraas ittiin waliif dabarsudha.

(Okpewho,1992) ogafaan Afrikaa dameewwan gurguddoo sadiitti qooda.Isaanis seeneffamoota afoolaa, walaloo afoolaafi qareeyyiidha.Gama biraatiin (Fekade, 1991)n ogafaan bakka lamatti qooda.Isaanis seeneffamoota ogafaaniifi afwalaloodha jedha.(Finnegan,1992)ogafaan dameewwan sadiitti qooddi: kanneen bifa waliin dubbii qaban, kanneen bifa taphaa qabaniifi kanneen bifa asoosamaa qabaniidha jetti. Kanneen bifa waliin dubbii qaban jalatti jechama, mammaaksa, abaarsa, hooda, moggaasafi kkf tarreessiti.Warra bifa taphaa qaban jalatti ammoo, hibboo, dorgaa dorgee, gochaalee ayyaaneffannaa, taphoota hinkaroorfamiiniifi kkf tarreessiti. Warra bifa asoosamaa qaban jalatti ammoo dur durii, sheekkoo, raagamtaa, geersa, sirba, weedduufi kkf tarreessiti. (Eshete, 2008)nammo hayyoonni fooklorii ogafaan bakka gurguddoo shanitti akka qoodan barreesseera. Isaanis, ayyaaneffannaa, qareeyyii, walaloo afaanii, seeneffamaa, sirbaafi seenaa afaaniti.

Walumaa galatti, bu'uura qooddii (Fekade1991)tiinogafaan Oromoo hololoofi afwalaloo jedhamuun bakka lamatti qoodama.Ogafaan hololoo gosoota ogafaanii keessaa isa guddaa yeroo ta'uu, haala bocaan akka walalootti kan hindhiyaanne kanneen akka oduu durii, sheekkoo, himamsaan dhihaatudha. Qaamolee hololoo jalatti ogafaan ramadamuu danda'anis: oduu durii, hibboowwan, ergaa, dhaamsa, seenaa durii, eebba, abaarsaafa'i akka ta'an (ሰ ለ ጥግ ,2007) ibseera. Afwalaloojalatti warri ramadaman immoo kanneen bifa walaloo

qaban kanneen akka weedduuwwaan aadaa ta'uu jechuudha (Asafaa, 2009) afwalaloon afaan saayinsiifi afaan hawaasni guyyuu itti fayyadamurraa adda ta'ee kan dubbii haalawaan guutame, kan miira namaa salphumatti kakaasuufi ergaa bal'aa dabarsuun kan qindaa'uu ta'uu eera. Afwalaloon bal'inaan kan mul'atu hawaasa barreessuufi dubbisuu hin dandeenye birattii ta'uusaafi Afrikaa keessatti afaaniin daddarbuusaa (Awoonor1975) ibseera. Yaada

hayyuu kanarraa wanti hubatamu afwalaloon bifa barreeffamaatiin osoo hin taane namoonni sammusaanii keessaa afaaniin dhimmoota barbaadanirratti kan jedhan ta' uusaati.

Gosoota afwalaloo ilaalchisee yaadonni garaagaraa kan mul'atan yommuu ta'u, dameewwan afwalaloo bal'isuufi dhiphisuun waan baramaadha. Fakkeenyaaf, (Finnegan,1970)afwalaloo dameewwan addaa addaatti akka qoodamuufi dameewwan afwalaloo Afrikaa, kanamantaa, kan siyaasaa, kan jaalalaa, kan du'aafi kkfnitti hiramuu akka danda'u eerti. Gama biraatiin (Fekade,1991)afwalaloo afaan Amaaraa qabiyyee isaaniirratti hundaa'uun: kan cidhaa, kan boo'ichaa, kan kadhaa, kan ukee, faaruu loonii, dhaadannoo, geerarsaa, weedduu tikseefi kkf jechuun qoodeera. Ulaagaan qooddii gosoota walaloo afaanii kunis qabiyyeefi akkaataa dhiheenyaasani ta'uu ibsuun (ሰ ለ ጥግ, 2007) afwalaloo dameewwan addaa addaatti qoodeera.Gama biraatiin (Tashoomaan, 2017)afwalalooOromoo bakka torbatti qoodamuu akka danda'an kaaseera.Yaada hayyoonni kunniin kaasanirraa wanti hubatamu hanga ammaatti qooddiin afwalaloo mormisiisaa ta' uusaati. Bu'uuruma kanaan qorannoo kana keessattis qooddiwwan kaan caala qooddiin (Fekade,1991)fi(ሰ ለ ጥግ, 2007) ulaagaa qooddii

amansiisaa ta'an waan dhiheessaniifi afwalaloo weedduu yoomessa tika loonii akka qoodama tokkootti waan haammachisaniif dhimma itti bahameera. Qooddiwwan kaan garuu afwalaloo weedduu yoomessa tika loonii qoodama keessaa dhabamsiisaniiru. Kunimmoo ogummaan hawaasaa kun akka dagatamu waan taasisuuf qorattoonni kunniin xiyyeeffannoosani weedduu yoomessa tika looniirratti taasisaniiru.

Afwalaloon weedduu yoomessa tika loonii gosoota afwalaloo Oromoo keessaa tokko ta'ee kan namoonni hojii tika looniirratti bobba'an weeddiseeniidha. Afwalaloon weedduu yoomessa tikaloonii kun akkuma walaloo barreeffamaa jechoota filatamoo ergaa bal'aa karaa naannawaafi fuulleen dabarsan irraa kan qindaa'u ta' uusaa (Tadesse, 2016) ibseera. Yeedaloo miidhagaa miira namaatti toluun kan qophaa'u yommuu ta'u miidhagina yeedaloo sanaa eeguuf sagalee olbaasuufi gadi buusuun sagalee miira namaa hatuu danda'uun bareedee kan weeddifamuudha.

Afawalaloon weedduu yoomessa tika loonii kunis, yeroo garaagaraatti kan weeddifamu yommuu ta'u, yeroo loon gara lafa margaatti bobbaafamanirraa kaasee hanga gara manaatti galanitti tiksee yookan nama hojii tika looniirratti bobba'een weeddifama. (Tadessen, 2016) yaada kana cimsuun yeroo dubbatu, tikseen kan weeddisu, yommuu ganama loon gara bakka dheedichaattii oofaman, guyyaa yommuu tikfamaniifi galgala yommuu gara manaatti deebi'an ta' uusaa ibsa. Haa ta'u malee, tikseen halkan erga loongara mooraatti deebi'aniillee ni weeddise. Fakkeenyaaf, ganna ganna yommuu loon fudhatanii bakka margi gahaan jirutti deeman yookan darabaa galan lafuma margaa keessatti mooraa horiifi godoo xiqqoo ijaaruun achuma keessa bulan ni weeddisu.

3. Malleen Qorannichaa

Kaayyoon qorannoo kanaa caasaa weedduu yoomessa tika loonii akka Aanaa jalduutti mul'atan walitti qabuudhaan caasaa isaa xiinxaluudha.Gosoota qorannoo hedduu jiran keessaa kaayyoo qorannoo kanaa akkaataa barbaadamuun milkeessuukan danda'u qorannoo akkamtaa ibsa waan ta'eef, gosni qorannoo kun filatameera. Qorannoon kun madda ragaa tokkoffaatti kan dhimma bahe yommuu ta'u, maddeen kunniinis iddattoowwan hawaasa Oromoo aanaa Jalduuti. Qorattoonni namoota weedduu tiksee sirritti beekan kaayyeffachuun erga filatanii booda namoota weedduu tiksee beekan kan biroo akka eeraniif gaafachuun

mala iddatteessuu darbaa dabarsaatiin hawaasa aanaa Jalduu keessaa iddattoowwan filataniiru.

Qorattoonni iddattoowwan filatamanirraa odeeffannoo qabatamaafi barbaachisaa ta'e of-eeggannoon funaanuuf maloota funaansa ragaa gaaffii afaaniifi marii garee xiyyeeffataatti dhimma bahaniiru. Gaaffileen afaanii gamisaan caaseffamaa ta'an kan kaayyoo qorannoo kanaa waliin deeman kudha shan (15) qophaa'uun iddattoowwan filatamaniif dhihaataniiru. Deebiin iddattoon qorannoo kanaa kennanis waraabduu sagaleefi suursagaleetiin waraabamanii kan funaanaman yommuu ta'u, ragaawwan waraabduu sagaleefi suursagaleetiin waraabaman kana dhaggeeffachuun gara barreeffamaatti jijjiiramaniiru.

Iddattoowwan filataman keessaa namoota weedduu tikseerratti hubannoo qaban kan baay'inni isaanii torba (7) ta'an beellamaan qunnamuun mariisafamanii odeeffannoon irraa funaanameera. Namoonni marii garee kanarratti hirmaatanis ogeessota waajjira aadaafi turiziimii lama(2), maanguddoota lama (2), barsiisota afaanii lama(2)fi dubartii tokko (1) yommuu ta'an, qorattoonni qabxiilee marii kaayyoo qorannichaa milkeessuu danda'an qopheessuun, yaadannoo qabachaa mariisisuun odeeffannoo barbaachisu walitti qabneerra.

4. Xiinxala Ragaalee

4.1. Caasaalee Walaloo Weedduu Tiksee Loonii

Af-walaloon weedduu tiksee loonii iddattoowwan qorannichaarraa funaanaman qoqqodamanii mala xiinxala ragaa akkamtaatiin ija yaadiddama caasessamatiin xiinxalamuun ibsamaniiru. Sababni malli qaaccessa ragaa akkamtaa filatameef, ragaaleen qorannichaa jechaan kan funaanaman, qaaceffamaniifi jechaan kan ibsamaniifi hiikaman waan ta'eefi.

1. *Osoon tikaan faana xaaruu*
Gufuun na dhoofte na dhiigaa
Osoon sumaaqf mankaraaruu
Dhufuu na dhoowwan ya diimaa!

Weedduun armaan olii kun bo'oowwan walaloo afurirraa kan ijaarame yommuu ta'u, tokkoon tokkoon bo'oowwan walalichaa jechoota sadii hanga shanii (3-5) irraa ijaaraman. Bo'oo tokkoffaafi sadaffaan baay'ina jechootaa irraa ijaramaniin kan wal madaalan yommuu ta'an, bo'oo lammaffaafi arfaffaanimmoo baay'ina jechootaa irraa ijaaramaniin walgitu. Jechoonni xumura bo'oo tokkoffaafi sadaffaa, kan bo'oo lammaffaafi arfaffaas waan wal isaan fakkeessu qabu. Jechi xumura bo'oo jalqabaarra jiru „xaaruu“ jedhuufi kan xumura bo'oo sadaffaa „mankaraaruu“ jedhu birsaga dhuma qama „aaruu“ jedhu waliin qooddatu. Jechoonni dhuma bo'oowwan lammaffaafi arfaffaarratti argaman kan „dhiigaa“ jedhuufi „diimaa“ jedhamanis qama waliin qooddatan qabu. Kunimmoo hariiroo oleefi gadee jechoonni bo'oowwan walalichaa waliin qaban agarsiisa. Hariiroon caasaalee kanneeniis walalichi rukutaa gaariifi unata sagalee akka qabaatu taasisan. Akkasumas, jechoonni bo'oowwan walalichaa keessatti dalga tarreeffamanii walalicha ijaaran akkaataa waliin deemuu danda'aniin hiriirani ijaaraman.

2. *Yaa giddiittuu bayyanaa*
Dura loon yaasi malee
Ansiin dhiisuu baranaa
Du'a koo taati malee

Walaloo armaan olii caasaa caasaatti caccabsuun yommuu ilaallu, walaloon kun bo“oowwan afur irraa qindaa“e. Bo“oowwan jalqabaafi sadaffaan jechoota sadi sadirraa, bo“oowwan lammaffaafi arfaafaanimmoo jechoota afurirraa ijaaraman. Baay“ina birsagoota bo“oowwanii yoo ilaallemmoo, bo“oowwan hundinuu birsagoota torbarraa ijaaraman. Haariiroo oleegadeefi dalgee caasaalee walaloo kanaa yoo ilaallemmoo, bo“oon jalqabaafi sadaffaan jechoota „bayyanaa“ fi „baranaa“ jedhaman kan qaama „-anaa“ jedhamu waliin qabinirraa ijaaraman. Bo“oon lammaffaafi arfaafaanimmoo jecha „malee“ jedhamuun xumuramuun walalichi akka miira hawwatu taasisan. Kunimmoo jechoonni bo“oowwan walaloo sanaa ijaaran kan fuullee waliitti argaman qaama walfaakkaatu qabachuun dhumni bo“oowwan walalichaa rukutaa akka qabaatu taasisan.

3. *Yaa korma Goobana Daaccii*
Sin tiksinee sin obaasee
Kan mormi sooyyama allaattii
Sin jibbinee sin sodaadhee

Walalooweedduu kanaa caasaalee xixiqqaatti adda babaasuun yoo ilaalle bo“oowwan walaloo kanaa hundinuu birsaga saddeet saddeet akka qaban agarra. Hariiroo caasaaleen kunniin waliin qaban yoo xiinxallemmoo caasaaleen „-ii“ fi „-ee“ irra deddeebi“anii dhuma bo“oowwaniirratti mul“achuun walaloo kana xumuru. Bo“oowwan walaloo kana ijaaran kan fuullee waliitti argaman baay“ina jechootaa irraa ijaaramaniin, baay“ina birsagootaa jechoonni sun irraa ijaraman, caasaaleen birsagaafi gosoonni birsagaa isaanii kan wal fakkaataniidha. Kunimmoo walalichi unata gaarii akka qabaatu taasisse.

4. *Jiddaa galtamoo gudduudhaa*
Roobiikee bineensi nyaatee
Moggaa raftamoo gidduudhaa
Fooliikee qilleensi raasee

Hariiroo caasaalee weedduu kanaa yoo ilaallummoo, hariiroo dalgeetiin bo“oowwan walaloo armaan olii hundisaanii birsaga saddeet saddeet qabaachuun wal gitu. Hariiroo oleegadee caasaalee walaloo kanaa yoo ilaallemmoo jechoonni bo“oo tokkoffaafi sadaffaarra jiran baay“ina jechootaatiin walqixa ta“uurra darbanii dhuma bo“ichaarratti caasaa „-duudhaa“ waliin qooddatu. Jechoonni „Gudduudhaa“ fi „Gidduudhaa“ jedhan kan bo“oo tokkoffaafi sadaffaarratti argamanimmoo garaagarummaa yookan jijjiirama dhamsaga tokkootiin jijjiirama hiikaa fidan. Gudduun maqaa gabaa fardeen itti gurguramtu kan Salaale keessatti argamu yommuu ta“u, gidduun immoo bakka faallaa qarqaraa ta“a. Garaagarummaan hiikaa kunis akka mul“atu kan taasisan dhamsagoota lama /i/ fi /u/ dha. Bo“oo lammaffaafi arfaafaanis caasaa „-ee“ dhaan xumuruun wal fakkaatu.

5. *Yaa ilmaan turumbullee*
Fooqii jala yaatanii
Eessaa fidda yaa bubbee
Foolii nama yaadanii

Walaloo weedduu armaan olii kana caasaan ijaaran jechoota, birsagootafi dhamsagoota yommuu ta“an hariiroo caasaaleen kunniin qaban haa ilaallu. Bo“oowwan walaloo armaan olii hundinuu birsaga torba torbarraa kan ijaaraman yommuu ta“an, baay“ina birsagaatiin walgituun caasaalee walaloo kanaa walalichi hawwataafi kan yedaloo qabaatu taasisa. Hariiroo jechoonni oliifi gadii qaban yoo ilaallemmoo jechoonni wal gararraa jiran garaagarummaa dhamsaga tokkootiin jijjiirama hiikaa akka fidaniifi caasaa waliinii akka

qaban hubanna. Fakkeenyaaf, bo'oo lammaffaa keessatti jecha „fooqii” jedhuufi bo'oo dhumaa keessatti jecha „foolii” jedhu fudhannee yoo ilaalle, jechoonni lamaan garaagarummaa dhamsagoota lamaan /q/ fi /l/ malee qaama „oolii” jedhu waliin qabu. Akkasumas jechoonni „yaatanii” fi „yaadani” jedhaman qaama „yaa-anii” jedhu waliin qabaatanis dhamsagni /t/ fi /d/ bakka wal jijjiiruun qamni yookaan caasaan sun hiika garaagaraa akka qabaatu taasisan.

6. *Yaa sangoota Yaadatee*
Lafeen qilxibii muluu
Har'ammoo na yaadatee
Akkamiin rafee buluu?

Caasaalee walaloo kanaa yoo ilaalle, walalichi bo'ooowwan afurirraa kan ijaarame ta'ee, tokkoon tokkoon bo'ooowwan walaloo hundi jechoota sadi sadirraa ijaaraman. Kana malees baay'inni birsagaa bo'ooowwan hundaatu torba torba. Baay'inni jechootaafi birsagoota bo'ooowwan hundaa walfakkachuu hariiroo dalgee caasaaleen kun qaban yommuu ta'u, hariiroon olee-gadee caasaalee walaloo kanaa immoo jechoonni bo'ooowwan xumuran sagaloota wal fakkatuun xumuramuu isaaniiti. Fakkeenyaaf walaloo armaan olii keessatti bo'oo tokkoffaafi sadaffaan sagalootaan wal fakkaachuurra darbuun jecha tokkoon xumuramu. Jechi kunis „Yaadatee” yommuu ta'u irra deddeebi'uun dhufuun jecha kanaa miidhagina yookaan hawwattummaa walalichaafi miidhagina yeedaloo weedduu sanaa olkaaseera. Jechi „Yaadatee” jedhu kan bo'oo tokkoffaafi sadaffaa keessatti irra deddeebiin mul'ate kun unka tokko qabaatulle bo'ooowwan lamaan keessatti hiika addaa addaa lama bakka bu'a. Bo'oo tokkoffaa keessatti „Yaadatee” kan jedhu maqaa namaa kan bakka bu'u yommuu ta'u, bo'oo sadaffaa keessatti garuu „Yaadatee” kan jedhu waan kanaan dura sammuu keessa deddeebi'uun rakkisu wayii ammas itti deebi'uusaa bakka bu'a. Jechi kun haala galumsa isaatiin jijjiirama hiika fideera jechuudha.

Walaloodhuma weedduu armaan olii keessatti bo'oo lammaffaafi bo'oo arfaffaan jechoota, „Muluu” fi „buluu” jedhaniin kan xumuraman yommuu ta'u, hariiroon olee-gadee jechoota yookaan caasaalee kanaa qaama „-uluu” waliin qabaachuun dhamsagoota /m/ fi /b/ wal jala jijjiiruun garaagarummaa hiikaa fidaniiru. Garaagarummaan hiikaa mul'ate kunis jijjiirama dhamsagoota lamaanii dhufeedha.

7. *Yaa abbaakoo hin rafinii*
Jaarsi dulloome hin rafuu
Maa argaan kee hin hafinii
Gaafan si yaade hin rafuu

Walaloo kana ija yaadiddama casessummaatiin yommuu ilaallu, walaloowwan weedduu kanaa bo'ooowwan afuriifi tokkoon tokkoon bo'ooowwanii birsagoota saddeet saddeet irraa ijaaramuun isaanii hariiroo dalgee caasaalee kanaati. Hariiroo olee-gadee caasaalee walaloo kanaa yoo ilaallemmoo walaloon weedduu kanaa jechoota ijoo irra deddeebisuun fayyadamu. Fakkeenyaaf, bo'oon tokkoffaafi sadaffaan walaloo armaan olii jechoota „rafanii” fi „hafanii” jedhaman kan qaama „-afinii” jedhu waliin qooddataniin xumuramu. Jechoonni kun qaama „-afanii” jedhu waliin qooddachuun dhuma bo'ooowwaniirratti hiriiruun walalichi rukutaa akka qabaatu taasisani. Bo'ooowwan lammaffaafi arfaffaa keessatti jechi „hin rafuu” jedhu irra deddeebi'uun mul'achuun dhimma ijoo yookaan rakkoo hirriibaa namfakkiin walaloo sanaa qabu nu hubachiisa.

8. *Roobi roobi yaa gannaa*
Taltallee waraabbannaa
Boo'i boo'i yaa garaa
Takkallee walyaadannaa

Walaloonkun bo“oowwan afurirraa kan ijaarame yommuu ta“u, bo“oowwan lamaan jalqabaa haala tibba gannaa kan calaqqisiisan yommuu ta“u, bo“oowwan lamaan dhuma immoo miira keessoo tikseen loonii qabu ibsu. Gabaabumatti, tikseen loonii haalota addaa addaa mul“atanitti qabachuun miira keessoo isaa ibsata jechuudha. Weedduun kun tikseen sun nama yaade sana waliin dabarsuuf yaadaan dhama“usaa mul“isa. Bo“oowwan arfan walaloo weeddukanaa birsagoota torba torbarraa kan ijaaraman ta“anii caasaaleefi gosoonni birsaga bo“oowwan tokkoffaa kan bo“oo sadaffaa waliin, kan bo“oo lammaffaa immoo kan bo“oo arfaaffaa waliin wal simu. Fakkeenyaaf, bo“oon jalqabaa “*Roobi roobi yaa gannaa*” jedhuufi bo“oo sadaffaa “*Boo'i boo'i yaa garaa*” jedhu caasaalee birsagaa wal fakkaatu qabu. Akkasumas bo“oon lammaffaa “*Taltallee waraabbannaa*” jedhuufi bo“oon arfaaffaa “*Takkallee walyaadannaa*” jedhu caasaalee birsagaa wal fakkatuurraa ijaaraman. Dabalataanis jechoonni dhuma bo“oowwaniirratti wal fakkaachuufi dhamsagoota tokkoon xumuramuun hariiroo olee-gadee caasaalee kanaatin walalichi rukutaa akka horatu taasisan.

9. *Nan bobbaasaa nan galchaa*
Dalasa somboorrattii
Nan bobboo'aa nan gaddaa
Dhalabbaa tokkoorratti

Walaloon kun akkuma walaloowwan kanaa olitti ilaalle hundaa bo“oowwan afurirraa kan ijaarame ta“ee, Baay“inni birsagaa jechoota bo“oowwan walaloo arfaniituu saddeet saddeet ta“uun dheerinni bo“oowwan walalichaa akka wal madaaluufi qusannaa jechootaa akka qabaatu taasiseera. Jechoonni dhuma dhuma bo“oowwaniirratti wal fakkaachuunimmoo walalichi yeedaloo akka horatu taasiseera. Fakkeenyaaf bo“oo tokkoffaafi sadaffaan jechoota „*galchaa*“ jedhuufi „*gaddaa*“ dhamsagoota „-aa“ dhaan xumuramuunifi bo“oon lammaffaafi arfaaanimmoo jechoota „*somboorrattii*“ jedhuufi „*tokkoorrattii*“ jedhan qaama „-*oorrattii*“ jedhu waliin qooddachuun hariiroo olee gadee akka qaban mul“isaniiru. Jechoonni bo“oowwan walaloo kanaa kan dhuma bo“oowwaniirratti mul“atan dhamjechoota waliin qooddatanirratti dhamsagoota garaagaraa muraasaa wal jijjiiruun garaagarummaa hiikaa fidu.

10. *Salaale yaa lafa yaayyaa*
Saani maseene dhaluufii
Nagaatti yaa intala aayyaa
Andarabaatti galuufi

Walaloon weedduu armaan olii kun bo“oowwan afurirraa kan ijaarame yommuu ta“u, baay“inni birsaga bo“oowwanimmoo saddeet saddeetidha. Hariiroo jechoonni walaloo kanaa waliin qaban yoo ilaallemmoo jechoonni dhuma bo“oowwanii dhamsagoota wal fakkaatuun xumuramuu yookan dhamsagoota hedduu waliin qabaachuusaaniti. Caasaan walalichi irraa ijaarame qaamolee hedduu waliin qooddachuun kunimmoo walalichi wal unata sagalee akka qabaatu taasise. Jecha dhuma bo“oo tokkoffaafi sadaffaa akkasumas bo“oo lammaffaafi arfaaffaa yommuu dubbifaman yookan sagaleeffaman kan wal unatan yookan walfakkaataniidha. Jijjiiramuu, dabalamuufi hir“achuu dhamsaga tokkoon jijjiirama hiikaas fidu. Bo“oo tokkoffaa keessatti jechi „*yaayyaa*“ jedhuufi bo“oo sadaffaa keessatti jechi „*aayyaa*“ jedhu dabalamuufi hir“achuu dhamsaga tokkoo „*y“tiin* garaagarummaa hiikaa fidan.

11. *Abbaa jidda abbaa kaloo**Ogeessa gindii tolchuu**Akkam jirta yaa intaloo**Odeessan dubbii hin tolchuu*

Jechoonni bo“oowwan walaloo weedduu armaan olii qindeessuuf filatamanis dhamsagoota hedduu waliin kan qabaniifi hariiroo qabaachuusaanii agarra. Fakkeenyaaf jechi bo“oo jalqabaa keessatti „*kaloo*“ jedhuufi jechi bo“oo sadaffaa keessatti „*intaloo*“ jedhu qaama „*-aloo*“ jedhu kan waliin qaban yommuu ta“u, jechi „*tolchuu*“ jedhu bo“oo lammaffaafi araffaa keessatti deddeebi“ee dhufuun, akkasumas bo“oodhuma lammaffaafi araffaa keessatti jechoonni „*ogeessa*“ fi „*odeessa*“ jedhaman kan dhamsagoota „*o-essa*“ waliin qaban mul“achuun hariiroo oleefi gadee caasaalee walaloo weedduu kanaa mul“isu. Jechi tokkichi „*tolchuu*“ jedhu kun caasaa kana keessatti bakka garaagaraa galuun hiika addaa addaa lama kenne. Bo“oo lammaffaa keessatti hiika „*bocuu*“ jedhu kan qabaatu yommuu ta“u, bo“oo araffaa keessattimmoo hiika „*balleessuu*“ jedhu dabarsa. Garaagarummaan hiikaa caasaa kanaa kan dhufe bakka garaagaraa galuu jecha sanaatiin akka ta“e hubanna.

12. *Haati meetii intala dhaantee**Ishiin talbaa gurgurraanii**Ani keetii na wallaaltee**Biyya ormaa bubbullaanii*

Bo“oowwan walaloo armaan olii hundisaaniituu baay“ina birsagaa saddeet saddeet irraa kan ijaaraman yommuu ta“an, jechoonni walaloo kanaas dhamsagoota walfaakkatan waliin qooddachuun hariiroo uumaniiru. Bo“oo tokkoffaa keessatti gaaleen “*Haati meetii*” jedhuufi bo“oo sadaffaa keessatti gaaleen “*Ani keetii*” jedhan dhamsagoota „*-eetii*“ jedhaman waliin qabaachuun garaagarummaa dhamsagoota lamaa /m/ fi /k/ tiin hiika maqaa namaafi bamaqaa abbummaa horataniiru. Kanaafuu garaagarummaan hiikaa lamaan kun garaagarummaa yookan waljijjiiruu dhamsagoota lamaaniin kan uumameedha jechuudha. Dabalataanis bo“oowwanuma kana keessatti jechoonni „*dhaantee*“ fi „*wallaaltee*“ jedhaman birsaga „*-tee*“ waliin qabaachuun, bo“oo lammaffaafi araffaa keessattimmoo jechoonni „*gurgurraanii*“ fi „*bubbullaanii*“ jedhaman dhamsagoota „*-aanii*“ waliin qooddachuun hariiroo cimaa qabaachuusaaniitiin caasaan walalichaa dhumarratti rukutta akka qabaatu taasisani.

13. *Gabaabaa muka xilaadhaa**Buchi saree gaana deemtuu**Shafaafaa luka filaadhaa**Faccifatteen baasa himbeektuu*

Caasaa walaloo weedduu armaan olii yoo ilaalle, akkuma walaloowwan kaanii bo“oowwan afurirraa kan ijaarame yommuu ta“u, tokkoon tokkoon bo“oowwan walalichaa birsagoota saddeet saddeet kan qabaniifi jechoonni bo“oowwan walaloo kanaa irraa qindaa“an dhamsagoota walfakkaatan hedduu kan qabaniifi hariiroo cimaa kan qabaniidha. Walaloo armaan olii bo“oo tokkooffaa keessatti jechi „*gabaabaa*“ jedhuufi bo“oo sadaffaa keessatti jechi „*shafaafaa*“ jedhu, bo“oodhuma tokkoffaa keessatti jechi „*muka*“ jedhuufi bo“oo sadaffaa keessatti jechi „*luka*“ jedhu, jechi „*xilaadhaa*“ jedhuufi „*filaadhaa*“ jedhu dhamsagoota walfakkaatan hedduufi dhamsagoota muraasa jijjiirrachuun jechoota garaagarummaa hiikaa uumaniidha. Akkasumas, bo“oo lammaffaafi araffaa walalichaa keessatti jechoonni, „*deemtuu*“ fi „*beektuu*“ jedhan jechoota dhamsagoota hedduu waliin qooddatan ta“uurra darbanii caasaa birsagaafi gosoota birsagaa yookan sanyiiwwan

birsagnisaanillee wal fakkaatu.Fakkeenyaaf jechoota birasagatti qoqqooduun caasaalee birsagootafi gosoota birsagoota isaanii haa ilaallu.

Jechoota Hariiroo qaban	Baay'ina birsagaa	Caasaabirsagaa	Gosa birsagaa
Muka Luka	Mu-ka Lu-ka	df-dt+df-dt df-dt+df-dt	BBL fi BBL BBL fi BBL
Xilaa Filaa	Xi-laa Fi-laa	df-dt+df-dt-dt df-dt+df-dt-dt	BBL , BBJ BBL, BBJ
Shafaafaa Gabaabaa	Sha-faa-faa Ga-baa-baa	Df-dt+df-dt-dt+df-dt Df-dt+df-dt-dt+df-dt	BBL, BBL, BBJ, BBJ BBL, BBL, BBJ, BBJ
Deemtuu Beektuu	Deem-tuu Beek-tuu	Df-dt-dt-df+df-dt-dt Df-dt-dt-df+df-dt-dt	BCJ, BJB BCJ, BJB

Gabateel: Gabatee Hariiroo caasaalee jechoota walaloo agarsiisu

Furtuu: -df = dubbifamaa dt = dubbachiiftuu BBL =Birsaga banaa laafaa

-BBJ =Birsaga banaa jabaa -BCJ= Birsaga cufaa jaba

Akkuma gabatee armaan oliirraa hubachuun danda'amu, jechoonni bo'ooowwan walaloo keessatti fuulleewwan waliitti dhufan baay'ina birsagaatiin kan wal gitan, caasaalee birsagaafi gosoota birsagaa wal fakkaataa kan qaban ta'uusaaniti. Kunimmoo hariiroo caasaaleen sun qaban agarsiisa.

14. *Okkotee gaafa farsoo*
Gaaniin gaafa dhaabani
Foqosee gaafa rakkoo
Gaariin gaafa yaadani

Walaloo kana caasaa inni ittiin ijaarameen yoo ilaallu qindaa'ina jechoota bo'ooowwan afurii kan baay'inni birsaga bo'oo tokkoo birsaga torba ta'eeni. Jechoonni bo'ooowwan walaloo kana keessatti argamanis kallattii dalgaafi olee-gadeetiin hariiroo cimaa kan qaban yommuu ta'u, akka fakkeenyaatti jechoonni bo'oo tokkoffaa walalichaa keessatti argaman jechoota bo'oo sadaffaa walalichaa waliin hariiroo qabaachuu isaanii agarra. Kunis, jechoonni bo'ooowwan lamaanii dhamsagoota hedduu waliin qooddachuusaaniiti. Akkasumas, jechoonni bo'oo lammaffaafi bo'oo arfaffaas hariiroon isaan waliin qaban qaama tokko (dhamsagoota) waliin qabaachuu isaaniiti. Jechoonni dhamsagoota baay'ee waliin qaban kunis, jechoota akka „okkotee” fi „foqosee”, „farsoo” fi „rakkoo”, „gaaniin” fi „gaariin” „dhaabani” fi „yaadani” dha. Jechi „gaaniin” jedhu kan jalqaba bo'oo lammaffaa walalichaarratti argamuufi jechi „gaariin” jedhu kan jalqaba bo'oo arfaffaarratti argamu qaama „gaa-iin” jedhu kan waliin qaban yommuu ta'an garaagarummaa dhamsaga tokkoo qofa qabu. Garaagarummaan dhamsaga tokkoo kunimmoo garaagarummaa hiikaa uume.

15. *Yaa maxaaxee goggogaa*
Yaa iddii baala hin qabnee
Yaa asmaaree dhommoqaa
Kan gatii baasa hin qabnee

Caasaa walaloon kun irraa qindaa'eefi hariiroo caasaalee kanneenii yoo ilaallemmoo walalichi bo'ooowwan afurirraa ijaarame. Bo'ooowwan jalqabaafi sadaffaan walaloo kanaa birsagoota torba torba irraa kan ijaaraman yommuu ta'u, bo'ooowwan lammaffaafi arfaffaanimmoo birsagoota saddeet saddetirraa ijaaraman. Hariiroo jechoonni walaloo kanaa qaban yoo ilaallemmoo jechoonni kallattii waliirratti argaman baay'ina birsagaa, caasaa birsagaafi gosoota birsagaatiin wal fakkaatu. Walfakkeenyi caasaa kanneeniimmoo walalichi yommuu yeedaleffamu yookan weeddifamu yeedaloo gaariin kan unata qabu akka uumamu taasisa.

16. *Turaa damee loon hin eeguu*
Jirtaa yaa Turaa Dameekoo
Kuraamalee fuulli seequu
Jirtaa yaa guraamalee koo

Caasaa walaloo weedduu armaan olii yoo ilaallemmoo, walalichi bo'ooowwan afur kan tokkoon tokkoon bo'ooowwanii birsagoota saddeet saddeet qabanirraa caaseffame. Birsagoonni jechoota kanaas caasaa birsagaa wal fakkaatu, baay'ina birsagaa walqixa, sanyiiwwan birsagaa wal fakkaatan yookan kan walitti dhihaatan qabaachuun hariiroo uumanii dhimma barbaadamu sanaaf oolan. Hariiroon jechoonni walalicha ijaaran waliin qaban kunimmoo walalichi caasaa miidhagaafi yommuu dubbifamu rukutaa gaarii qabu akka ta'u taasisa.

17. *Kulkuluu yaalmaan allaattii*
Kormaan bataskaana seenee
Ururuu akkalmoo dhabaattii
Mudhin kan Leenca maseenee

Walaloo kana caasaaleetti caccabsinee yoo ilaallemmoo walaloon kun bo'ooowwan afur qaba. Tokoon tokkoon bo'ooowwanii birsagoota baay'inni isaanii, caasaan isaaniifi sanyiin isaanii wal

fakkaataa ta'e yookan walitti dhihaaturraa ijaaraman. Haalli kunimmoo, walaloon weedduu sanaa yeedaloo miidhagaafi hawwataa akka qabaatu taasiseera.

18. *Abooterraan Jimma buutee*
Daadhii kibbiitti dhibaasuu
Kan goofareen dheeda guutee
Baacaa giddiitti jibbaatuu

Walaloo kana keessatti jechoonni walalicha qindeessuuf tarree galan hariiroo cimaa qabu. Hariiroon jechoota walaloo kanaas dalgeen yoo ilaalamu akkaataa caasaa hima afaan Oromoo eeguun kan qindaa'aniifi hiiknisaanii caasaalee kanneen walitti fiduun kan argamu ta'uudha. Hariiroo olee-gadee jechoota kanneenii yoo ilallemmoo jechoonni fuullee waliitti argaman baay'ina birsagaatiin kan wal gitan, caasaalee birsagaa walfakkaataa kan qabaniifi sanyiiwwan birsagaa walfakkaataarraa kan ijaaramaniidha. Qindaa'innoo birsagootaa jechoota uumuun, qindaa'inni jechootaammoo gaalee uumuun dhaamsa wallisaan barbaadu sana daabarsu jechuudha. Jechoonni fuullee waliitti tarreeffaman kan hariiroo waliin qaban kunis dhuma bo'oo tokkoffaarratti kan argamu jecha „buutee“ jedhuufi dhuma bo'oo sadaffaarratti kan argamu jecha „guutee“ jedhu yoo ilaalle jechoonni kun qaama „-uutee“ jedhu kan waliin qooddataniifi bakka wal jijjiiruu dhamsagoota /b/fi /g/tiin jijjiirama hiikaa kan fidaniidha. Kunimmoo walalichi miidhagina akka qabaatuu yeedaloo akka horatu taasisa.

19. *Yaa kaleessa yaa guyyaa*
Re'een baala nyaachisaa
Yaa bareedduu akka durbaa
Sumaaf na watwaachisaa

Walaloo kana yaadiddama caasessummaatiin yoo xiinxallu, caasaaleen walaloon kun irraa ijaarame bo'ooowwan afur kan gaaleewwan garaagaraa qaban, kan jechoota garaagaraa qaban, jechoonni gaalee sanaas birsaga addaa addaatti qoqqoodamuu kan danda'an ta'uu agarra. Hariiroo caasaalee xixiqqoo walaloo kanaa yommuu xiinxallummoo baay'inni birsagoota jechoota bo'ooowwanii kan wal madaalu ta'uu, caasaan birsaga jechoota bo'ooowwanii kan wal fakkaatu ta'uufi sanyiiwwan birsaga jechootaa bo'ooowwanii walitti dhihaachuu yookan wal fakkaachuu agarra. Akkasumas, jechoonni fuullee waliitti argaman dhamsagoota baay'ee kan waliin qaban ta'uunsaniimmoo miidhagina walalichaa akka olkaasefi hawwataa taasisuusaa hubanna.

20. *Ijaaraniituma diiguu*
Xaafiin kan abbaa qoteetii
Ilaalaniituma dhiisuu
Gaariin kan abbaa horetii

Walaloon kun bo'ooowwan afur kan jechoota baay'ina birsagaan, caasaa birsagaafi sanyii birsagaa walfakkaataa qabanirraa ijaarame yommuu ta'u, caasaaleen walaloon kun irraa ijaarame hariiroo addaa addaa qabu. Hariiroo jechoonni bo'oo walaloo armaan olii waliin qaban keessaa muraasa yoo ilaalle jechoonni fuullee waliitti argaman dhamsagoota baay'ee waliin qabu. Dhamsagoota baay'ee waliin qabaachuun isaaniimmoo walalichi miidhagee unata qabaatee ergaa tikseen loonii ittiin dabarfachuu barbaade sana dabarsuu danda'eera.

Walleen tiksee loonii akkuma haala diinagdee waliigalaa ibsuuf wallifamu, haala diinagdee nama dhuunfaa ibsuufis ni wallifama. Fakkeenyaaf tikseen loonii tokko nama jaalatu sana garaa laaffachuuf akka armaan gadiitti wallisuu danda'a.

21. *Yaa laanqisaa baala ceekaa*
Kun obboleessa mukaati
Na laaffisaa maalan beeka
Kun obboleessa du'aati

Walaloon kun bo'ooowwan afurirraa ijaarame; bo'oon tokkoffaan bo'oo sadaffaa waliin, bo'oon lammaffaan immoo bo'oo arfaaffaa waliin hariiroo cimaa qabu. Hariiroon bo'ooowwan kanaas bo'oo tokkoffaafi sadaffaan baay'ina jechoota walqixa qabu. Akkasumas, baay'inni birsagaa, caasaan birsagaafi sanyiin birsagaa jechoota bo'oo tokkoffaafi sadaffaa wal fakkaatu. Kan bo'oo lammaffaafi arfaaffaas akkasuma. Haalli kunimmoo yaadiddama caasesummaa keessatti hariiroo caasaaleen sun qabaniidha. Caasaaleen walalichaa hariiroo akkasii qabaachuun ergaa walaloo sanaa akka baataniif gargaara. Kana jechuun osoo qaamoleen kunniin hariiroo tokkollee qabaachuu baatanii miidhagini kun hin jiraatu. Weedduu dhamdhama gaarii qabu kan namni hedduun dhagahuu fedhu ta'uun hafeet haasaadhuma idilee ta'a. Kanaaf tikseen loonii weedduu kana qindeessuun jechoota caasaaleen wal fakkaatan filachuun yeedaloo itti uumanii dhimma barbaadaniifoolfatu jechuudha.

Hariiroo jechoonni walaloo kana keessaa waliin qaban akka fakkeenyaatti fudhannee yoo ilaalle, jechi bo'oo tokkoffaa keessatti "*laanqisaa*" jedhuufi jechi bo'oo sadaffaa keessatti „*laaffisaa*“ jedhu qaama „*laa—isaa*“ jedhamu waliin qabu. Bo'ooowwanuma kana keessatti jechoonni „*baala*“ fi „*maala*“, „*ceekaa*“ fi „*beekaa*“ jedhan garaagarummaa dhamsaga tokkoo qofaan hiika addaa addaa qabaatan. Caasaaleen kunniin garaagarummaa hiikaa uumanillee, dhikkisaafi unata gaarii qabaachuun isaanii dhama buusaa walaloo armaan olii bareechanii jiru.

22. *Shumburaa qarqara caakkaa*
Haadha Beenyaa fardi dhiitee
Hundumaaf harsama raaftaa
Naan jennaanan si dhiisee

Bu'uura yaadiddama caasessamaatiin walaloon weedduuwwan armaan olii bo'ooowwan afur kan jechoota baay'ina birsagaa, caasaa birsagaafi sanyii birsagaatiin walitti dhihaatanirraa ijaarame. Jechoonni walaloon kun irraa qindaa'es hariiroo cimaa kan qaban yommuu ta'u hariiroo jechoonni kunniin waliin qabanis dhamsagoota baay'ee waliin qooddachuudha. Fakkeenyaaf jechoota bo'oo lammaffaafi arfaaffaa walalichaa keessatti argaman „*dhiitee*“ fi „*dhiisee*“ yoo ilaalle jechoonni kun garaagarummaa dhamsaga tokkootiin hiika addaa addaa lama lukaan rukute kan jedhuufi jibbe kan jedhu horatan malee qaamoleen jechoota kanaa kan hafan wal fakkaatu. Kunimmoo , walalichi dhumarratti sagalee walfakkaatuun xumuramuunyeedaloo akka qabaatu taasiseera.

23. *Ariirtu gubbaan Irreensaa*
Duubni Goorgisii gorbaatii
Eessanan dhufee silaalaa
Ansilaa tiksee ormaatii

Weedduu kana akkaataa yaadiddama caasessamaatiin yoo ilaallu, akkuma weedduuwwan biroo buufanni walalichaa bo'ooowwan afurirraa kan ijaarame yommuu ta'u, baay'inni birsagoota tokkoon tokkoon bo'ooowwan walaloo immoo saddeet saddeet ta'uufi caasaalee walfakkaatu qabaachuusaanii agarra. Fakkeenyaaf jechi xumura bo'oo lammaffaarratti argamu kan „gorbaatii“ jedhuufi jechi dhuma bo'oo arfaffaarratti argamu kan „ormaatii“ jedhu qaama „or-aatii“ jedhu kan waliin qaban ta'ee garaagarummaa dhamsagoota /b/fi /m/tiin jechichi hiika garaagaraa lama akka qabaatu taasisan. Jechoonni bo'ooowwan walaloo kanaa qaama jechaa

baay'ee waliin qabaachuuniifi garaagarummaa dhamsagoota lamaatiin garaagarumma hiikaa fidas walalichi unata akka qabaatu taasisa.

24. *Ijaara dhahii darbii*
Qilxuu jalan loon tiksaa
Ijaan na dhahii darbii
Kichuu dhaqna soogiddaa

Bo'ooowwan lamaan jalqabaa walaloo kanaa bakka tikaa loonii kan himaniidha. "Ijaara dhahii" jechuun mooraa loon keessa bulan yommuu ta'u, "qilxuu jalan loon tiksaa" kan jedhummo bakka mucaan sun loon tiksuu ibsu. Bo'ooowwan sadaffaafi arfaffaanimmoo bifa baramaa hin taaneen waa'ee miidhagina qaama shamarranii dinqisiifatu. Haa ta'u malee, xiyyeeffannoon keenya hariiroo jechoonni walaloo kanaa waliin qaban waan ta'eef, jechoonni bo'ooowwan walaloo kanaa kannen akka "ijaara" fi "ijaan", "qilxuu" fi "kichuu" jedhan qaama jechaa waliin qooddatan yookan wal isaan fakkeessan qabu. Jechi akka "darbii" jedhummo, irra deddeebi'ee dhufuudhaan rukuttaa bo'ooowwan walalichaa cimse. Kun hariiroo caasaaleen weedduu kanaa waliin qabaniidha.

25. *Abbaan amantee garbaa*
Amanteen garba mitii
Ammaa nagattee galtaa
Amantee qabda mitii

Weedduun armaan olii kun tikseedhaan kan weeddifamu yommuu ta'u, akkuma walaloosaarraa arguun danda'amu, namni weedduu kana weeddisu nama hiriyaasaarraa shakkii qabuudha. Shakkiin nama kanaas namni inni jaalatu sun amanamummaa akka hin qabneefi dhiisee deemuu akka danda'u ibsa. Kanaafuu, weedduun tiksee kun shakkii namoonni walirraa qaban ibsuuf kan oolu yommuu ta'u, shakkiin kun kan kutaa sammuu riphaa keessatti ukkaamfamee tureedha. shakkii kana ibsuufimmoo jechoota baay'ina birsagaatiin walgitan, jechoota caasaalee birsagaa walfakkaatu qabaniifi jechoota sanyiin birsaga isaanii tokko ta'erraa ijaaraman. Jechoonni kunis hariiroon isaan waliin qaban qaama jechaa yookan dhamsagoota hedduu kan waliin qabaniidha. Jechoota hariiroo waliin qaban kanneen weedduu armaan olii keessa jiran yoo ilaalle, jecha „abbaa“ fi „ammaa“, „amantee“ fi „nagattee“ kan jedhan yommuu ta'an, jechoonni akka „mitii“ fi „amantee“ immoo irra deddeebi'udhaan mul'ataniiru. Jechi „amantee“ jedhu kun bo'ooowwan walalichaa keessatti bakka addaa addaatti irra deddeebi'uun bakka galumsaa irratti hundaa'uun hiika addaa addaa argateera.

26. *Hidhabuun boora qalee*
Laaftoo mureen dalasaa
Sidhabuun boo'a malee
Gaariin bulee dhalataa

Ergaan weedduu kanaa filannoon biraa kan caalu jiraachuu ibsuu yommuu ta'u, namni waan sammunsaa itti miidhame akka dhokfatu yookan haalu ogeessonni yaadiddama xiinsammuu bu'uureessan ibsaniiru. Bu'uuruma kanaan weeddisaan kun nama kanaan dura jaalate dhabuusaatiin akka miidhame ukkaamsee dhoksuudhaan filannoo san caalu akka qabu ibsa. "Sidhabuun boo'a malee" yommuu jedhu akka waan ishiidhaaf gadde fakkeessa. Haa ta'u malee, Namasana dhabuusaatiin akka miidhame weedduu kanarraa ni mul'ata.

Jechoonni walaloo kanaa caasaa birsagaa wal fakkaatu, sanyiiwwan birsagaa walfakkaatuufi baay'ina birsagaa walqixaa kan qaban yommuu ta'u, hariiroo jechoonni waliin qaban yommuu ilaallummoo, jechi bo'oo tokkoffaa kan „Hidhabuun“ jedhu jecha bo'oo sadaffaa kan „sidhabuun“ jedhu waliin, jechi bo'oo tokkoffaa „boora“ jedhu jecha bo'oo sadaffaa „boo'a“ jedhu waliin,

jecha bo'oo tokkoffaa kan „qalee” jedhu jecha bo'oo sadaffaa kan „malee” jedhu waliin, jechi bo'oo lammaffaa kan „muree” jedhu kan bo'oo araffaa „bulee” jedhu waliin, kan bo'oo lammaffaa „dalasaa” jedhu kan bo'oo araffaa „dhalataa” jedhu waliin qaamolee baay'ee kan waliin qabaniifi hariiroo cimaa qabaachuusaanii agarra. Hariiroon jechoonni kun waliin qabanis baay'ina birsagaa irraa ijaaraman, gosoota birsaga irraa ijaaramaniin walfakkaachuudha. Kunimmoo walalichi miidhaginaafi rukutaa gaarii akka qabaatu taasisseera.

27. *Yaa boora gabaa jimaataa*
Farda malee hin yaaphu gaangee
Nan boo 'a galaa ijaabbataa
Har 'a malee hin kaasu waankee

Namni weedduu kana weeddisu nama gara fuulduraatti waa'ee nama weeddifamuuf kanaa yaaduu hin barbaadne akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Kunis namni weeddifamuuf sun akka namni weeddisu sun barbaadu ta'uu waan dideef ta'a. Weeddisaan kun kana booda waa'ee nama weeddisuuf kana yoo kaase miidhamuu akka danda'u yaaduun dhimma kana dhoksee yookan ukkaamsee kaa'uu barbaada. Haala kanammoo jechoota walfakkaatan kanneen baay'ina birsagaatiin, caasaa birsagaafi sanyii birsagaatiin walitti dhihaatanitti fayyadamuun ibsate. Jechoonni hariiroo waliin qaban kunis, „boora” fi „boo 'a”, „gabaa” fi „galaa”, „jimaataa” fi „ijibbaata”, „gaangee” fi „waankee” warra jedhaniidha. Jechoonni bo'ooowan walaloo armaan olii ijaaran hariiroo armaan olii qabaachuusaanii walalichi unata sagalee akka qabaatuuf gumaachaniiru.

28. *Qotiin qonnaa lafa daargee*
Qonneet falaxaa dhadhaabnaa
Sobi hin sobnaa yaa magaallee
Sobneet alagaa fakkaanna

Caasaa walaloo armaan olii yoo ilaalle walalichi bo'ooowan afurirraa ijaarame. Bo'ooowan walalichaas birsagoota saddeet saddeet irraa kan ijaaraman yommuu ta'u, jechoonni bo'ooowan walalichaa irraa qindaa'an jechoota dhamsagoota wal fakkaatan waliin qabaniidha. Keessaattu bo'oon tokkoffaan bo'oo sadaffaa waliin, bo'oon lammaffaanimmoo bo'oo araffaa waliin birsagoota wal fakkaataniin xumuramuun yeedaloo walalichaa uumaniiru. Walaloo weedduu armaan olii keessatti jechoota hariiroo waliin qaban muraasa fudhannee yoo ilaalle jechi bo'oo tokkoffaa keessatti jecha „qonnaa” jedhuufi bo'oo sadaffaa keessatti „sobnaa” kan jedhan qaama „-nnaa” jedhu kan waliin qaban yommuu ta'u, jechi bo'oo jalqabaarratti „dhadhaabnaa” jedhuufi bo'oo araffaa „fakkaanna” jedhan hariiroo cimaa waliin qabu. Hariiroon isaaniis dhamsagoota baay'ee waliin qooddachuu isaaniti.

Walumaagalatti qaaccessa walaloowwan armaan oliirraa akkuma hubachuun danda'amutti walaloowwan weedduu tiksee loonii hundi bo'ooowan afurirraa kan ijaaraman ta'anii gaaleewwan yookan jechoonni bo'ooowan tokkoffaafi sadaffaa kan bo'ooowan lammaffaafi araffaa hariiroo cimaa waliin qabu. Hariiroowwan jechoonniifi gaaleewwan bo'ooowan walaloo weedduuwan tika loonii armaan olii kunis baay'ina jechoota irraa ijaaramaniin walqixa ta'uu yookan walitti dhihaachuu, baay'inni birsagootaa jechoonni irraa ijaaramaniifi gosoonni birsagootaa jechoonni irraa ijaaramanii tokko ta'uufi walfakkaachuun walalichi rukutaa akka qabaatu taasisaniiru.

4.2 Haala Weedduun Tiksee Yeroo Ammaa Keessa Jiru

Haala weedduun tiksee yeroo ammaa irra jiru iddattoowwan hawaasa Oromoo aanaa Jalduu keessaa afgaaffiintaasifameefi marii gareetiin deebiin kennan akka mul'isutti, yeroo ammaa

hawaasa Oromoo aanaa Jalduu biratti weedduun tiksee guutumaan guututtillee yoo ta'uu baate laafeera. Kunis tikseen yeroo ammaa kan hin weeddifne ta'uufi maanguddoonni muraasni darbanii darbanii haala ijoollummaa isaanii yaadachuuf kan weeddisan akka ta'e ragaan ni agarsiisa. Haalli kun immoo weedduun tikseedhalootuma kanaan dura ture qofa biratti akka hafe mul'isa. Weedduun tiksee looniikun haala dur ittiin beekamuufi weeddifamuun weeddifamuu dhiisuun kun weedduun tiksee yeroo ammaa baduuf sadarkaa yaaddessaarra jiraachuusaa hubachiisa.

Sababootni addaa addaa weedduun tiksee akka laafuufi dagatamu taasisan keessaa inni ijoon dhiibbaa amantiiti. Namoonni hordoftoota amanti kiristaanaa Ortodoksiifi Pirotestaantii ta'an yeroo loon tiksan maal akka sirban gaafataman faarfannaa amanti isaanii akka farfaatan ibsan. Namoonni amanti Pirotestaantii hordofan amanti guutumaan guututti sirba akka hin eeyyamne kan himan yommuu ta'u, hordoftoonni amanti Ortodoksii garuu, dur akka sirban himuun yeroo dhihoo as finxaallessummaa (extremism) mul'achaa dhufeen akkuma amanti Pirotestaantii faarfannaa amantiichaa faarfachuu malee sirbi akka hin eeyyamameef himaniiru. Tikseewwan amanti kiristaanaa hordofan hundinuu bakka loon tiksanitti faarfannaa amanti isaanii faarfatu malee hin weeddisan. Kanaafuu, namoonni hordoftoota amanti Kiristaanummaa ta'an hammuma dabalani weedduun tiksee hir'achaa deema jechaadha.

Dargaggoonni afgaaffiin taasifameef weedduu tiksee weedisuu akka qaana'an himan. Weedduun aadaa duriyeroo ammaa qaanessaa akka ta'es himaniiru. Yeroo loon tiksan maal akka weeddisan gaafatamaniis deebiin isaanii sirboota ammayyaa miidiyaalee garaa garaa irraa dhagahan akka ta'e ibsan. Sirboonni ammayyaa guyyaa guyyaadhaan akkuma baay'achaa bulan fedhiifi qalbii tiksee waan hawwataniif tikseen weedduu dagachuudhaan sirboota ammayyaa meeshaalee muuziqaa ammayyaatiin qindaa'an akka sirban ragaaleen iddattoo hawaasa Oromoo aanaa Jalduurraa funaanaman ni agarsiisu. Kanaafuu, sababoota weedduu tiksee laaffisan keessaa innitokko dhiibbaa ammayyumaati jechuudha.

Weedduwwan tikseen yeroo garaagaraatti weedisu karaa fuullees ta'u karaa naannawaadhaan siyaasa biyyatti yookan haala bulchiinsa naannoo murtaa'aa tokkoo qeequu danda'a. Yeroo kanammoo qaamni bulchiinsa naannichaa nama weedduu sana weeddise adabuun, hidhuufi reebuu akka danda'u namoonni odeeffannoo kennan ibsaniiru. Kana malees, sababa haalli siyaasaa biyya keenyaa haalota kana hin eeyyamameef dhaabbileen sabqunnamtii mootummaas ta'ee dhuunfaa weedduu kana beeksisuuf wanti hojjatan akka hin jirre iddattoowwan hawaasa Oromoo aanaa Jalduu ibsaniiru. Kanaafuu, tikseeniis haalota kana jalaa bahuuf weedduurraa of qusachaa akka jiran ragaan funaaname ni mul'isa. Walumaa galatti haalli siyaasa biyya kanaa weedduun yoomessa tika loonii akkaataa barbaadamuun beekkamtii argatee akka hin guddanneef dhiibbaa mataasaa taasiseera.

Qorattoonni yeroo gaaffii afaanii adeemsiisaa turanitti ijoollen loon tiksan hedduun bilbilaa harkaa (mobile phone) akka qabaniifi sirboota ammayyaa miimoorii irratti feesifachuun akka dhaggeeffatan namoonni odeeffannoo kennan ibsaniiru. Babal'achuun meeshaalee teekinoolojii keessattuu bilbila harkaa tikseen weedduu weedisuu dhiisuun sirboota mana muuziqaatti maxxanfaman akka dhaggeeffatan taasiseera. Kunimmoo, weedduun tiksee akka dagatamu yookan akka laafu taasiseera. Kanaafuu, sababoota weedduu tikseeraan dhiibbaa hamaa geessisaa jiraniifi weedduun tiksee akka laafu taasisan keessaa dhiibbaan teekinoolojii isa tokko ta'uusaa bu'aan qorannoo kanaa ni agarsiisa.

Sababni laafinsa weedduu tiksee loonii inni biraan jijjiiramuu haala jireenya hawaasaati. Namoonni odeeffannoo kennan akka himanitti baay'inni ummataa dabalaa deemuun fedhiin loon horsiisuu yookan qabeenya horachuus dabalaa deema. Baay'inni namoota loon horsiisanii yoo dabalemmoo, qabeenyi uumamaa kan akka lafa margaa murtaa'aa waan ta'eef wal hanqachuu eegala. Lafti kanaan dura margaaf oolu gara lafa qonnaatti geeddarama. Lafti margaa yommuu wal hanqatummo namoonni baay'ina loon horsiisanii ni hir'isu. Loon xiqqaannaan immoo tikseen loon waliin deemuun hafeet bakkuma murtaa'atti hidhuun dhufe. Haalli kunimmoo tikseen loon fageessee tiksuun weedduu akka hin weeddisne taasise. Kanaafuu, lafti margaa bal'inaan jiraachuu dhiisuun weedduun tiksee akka duriitti bal'inaan akka hin weeddifamneefi akka laafuuf dhiibbaa mataasaa uumeera jechuudha.

4.3. Hiree Weedduu Tiksee Gara Fuulduraa

Hireen weedduu tiksee kan gara fuulduraas yaaddoo hamaa keessa jiraachuusaa ragaa namoota odeeffannoo kennaniifi bu'aa xiinxala hojii qorannoo kanaarraa hubatameera. Akka maanguddoonni jedhanitti, maanguddoota muraasarraan kan hafe yeroo ammaa namni weeddisu hin jiru. Kunimmoo weedduun tiksee gara fuulduraatti dhaloota waliin fulla'uu kan hin dandeenye ta'uusaa mirkaneessa.

5 Cuunfaa

Weedduun tiksee loonii hawaasa Oromoo aanaa Jalduu biratti beekkamaa turullee, yeroo ammaa kana laafuun sadarkaa dagatamuurra gahaa jira. Bu'uuruma kanaan beekumsi hawaasaa kan dhimmoota jireenya dhuunfaas ta'ee jireenya hawaasummaa ibsuu keessatti gahee olaanaa qabu kun akka hin dagatamneef barreeffamatti jijjiiruuf, qorannoon kun walaloo weedduu tiksee hawaasa Oromoo Aanaa Jalduu xiinxaluun dhiheesseera. Bu'uuruma kanaan:

- Walaloon weedduu tiksee caasaa dhaabbataa kan qabu yommuu ta'u, caasaaleen dhaabbataan weedduu tiksee kunis: Walaloon weedduu tiksee tokko bo'ooowwan afurirraa kan ijaaramu ta'uu, bo'ooowwan tokkoffaafi sadaffaan baay'ina birsagootaan yommuu walgitan bo'ooowwan lammaffaafi araffaan baay'ina birsagaatiin kan wal gitan ta'uun hubatameera.
- Sanyiiwwan birsagaafi caasaan birsagaa walaloo weedduu tiksees kan bo'oo jalqabaafi bo'oo sadaffaa kan wal siman yommuu ta'u, kan bo'oo lammaffaafi araffaa walsimuun qorannoo kanaan bira gahameera. Jechoonni dhuma bo'oo tokkoffaafi sadaffaa, akkasumas kan bo'oo lammaffaafi araffaa yeroo hunda birsaga dhuma waliin qooddachuufi yeroo baay'ee dhamsagoota hedduu waliin qabaachuun bira gahameera. Jechoonni ergaa ijoo baatan bo'ooowwan walaloo keessatti irra deddeebi'uun mul'achuunsaniis qorannoo kanaan bira gahameera.
- Malli ijaaramaa yookan caaseffamni qaamoleen bo'ooowwan walaloo weedduu tiksee loonii walsimuun kunis walalichi safara akka qabaatuufi unata sagalee horachuun yeedaloo barbaadamu uumuuf gahee olaanaa kan taphatu ta'uunsaa hubatameera.
- Yeroo qorannoon kun adeemsifametti sadarkaa weedduun tiksee irra jiru yoo ilaallemmoo, weedduun tiksee laafuurra darbee sadarkaa dagatamuurra gahuusaati. Sababoota weedduun tiksee akka laafuufi dagatamaa deemu taasisan keessaa warren ijoo dhiibbaa amantii, dhiibbaa ammayyummaa, dhiibbaa guddina teekinoolojii, dhiibbaa siyaasaafi dhiphachuu lafa margaati. Haalli kun itti fufnaan hireen afwalaloo

weedduu tiksee kan gara fuulduraa dhabamuu yookan baduu ta'uusaa xinxalli qorannoo kanaa ni mul'isa.

5. Yaboo

Weedduunyoomessa tika looniikun yeeroo ammaa laafaa dhufuurra darbee sadarkaa dagatamuurra gahuunsaa haalaan nama yaaddessa. Weedduun yoomessa tika looniikun dhama eenyummaatiin kan guutame waan ta'eef weedduun dhama eenyummaatiin guutame kun dagatamuun mallattoon eenyummaa akka dagatamu yookan badu taasisa. Kanumarraa ka'uun weedduu yoomessa tika loonii badiirraa oolchuuf tarkaanfiiwwanarmaan gadii osoo fudhatamanii gaarii ta'a.

- Hawaasni Oromoo aanaa Jalduu weedduu dhama eenyummaasaaniin guutame kana akkuma duriitti osoo weeddisanii gaaridha.
- Dhaabbileen sab-qunnamtii mootummaas ta'ee kan dhuunfaa kanneen akka OBS, OBN, OMN, ONN, FBCfi EBC, weedduu tikseerratti sagantaa bashannanaa qopheessuun osoo beeksisanii gaarii ta'a.
- Waajjirri Aadaafi Turiziimii Aanaa Jalduu weedduu tikseerratti qorannoo bal'aa adeemsiisuun ragaa barreeffamaa gahaa dhalootaaf osoo kaa'ee gaaridha.
- Qorattoonni Afaanii, Seenaa, Aadaa, Xiin-sammuufi Fookiloorii weedduu tikseetiif xiyyeeffannoo kennuun akkaataa dirree qorannoosaaniin walitti dhufuun qorannoo gadi fagoo osoo irratti adeemsisanii.
- Weellistoonni Oromoo weedduu tiksee akkuma jirutti hojjachuun hawaasaaf osoo dhiheessanii.
- Barreessitoonni Oromoo weedduu tikseerratti barreeffama garaagaraa qopheessuun osoo beeksisanii.
- Ogeessonni sirna barnootaa qopheessaan weedduu yoomessa tika loonii qabiyyee barnoota Afaan Oromoo keessatti haammachiisuun dhaloonni weedduu tikseerratti hubannoo akka argatuuosoo taasisanii.
- Ogeessonni Fiilmii Afaan Oromoo weedduu tikseerratti Fiilmii Dookumentarii qopheessuun miidiyaaleerratti agarsiisanii weedduu tiksee osoo beeksisanii.
- Dhaabbileen miti-mootummaa dhimma beekumsa hawaasaarrattihojjatan qorannoowwan weedduu yoomessa tika looniirratti adeemsifaman osoo jajjabeessanii gaarii ta'a.

Wabiilee

AsafaaTafarraa (2009). *Eela:Seenaa Oguma Oromoo*. Finfinnee: Far East Trading PLC.

Bartis, P. (2002). *Folklife and Field Work: An Introduction to Field Techniques*. Washington Dc: Publications of the American Folklife Center, no. 3.

Bascom, W. (1965). The Forms of Folklore: Prose Narratives. *Journal of American Folklore* , 3-20.

BerhanuMateos (2013). *Fundamentals of Literature*. Addis Ababa: Alpha Printers PLC.

Bukenya, A. (1994). *Understanding Oral Literature*. Nairobi: Nairobi University Press.

- Bronner, Simon J. (2012). *Practice Theory in Folklore and Folklife Studies*. Folklore 123: 23–47.
- Creswell, J. W. (2009). *RESEARCH DESIGN: Qualitative, Quantitative, and Mixed Methods Approaches*. United States of America: SAGE Publications, Inc.
- Dorson, R. (1972). *Folklore and Folk Life: An Introduction*. Chicago and London: The University of Chicago Press.
- Dundes, A. (1976). *Projection in Folklore: A plea for psychoanalytics*. Logan, Utah: Modern Language Notes.
- Eshete, G. (2008). African Egalitarian Values and Indigenous Genres: The Functional and Contextual studies of Oromo Oral Literature in Contemporary Perspectives (Phd Dissertation). *Institut for Litteratur, Kultur og Medier*.
- Fekade Azeze. (1984). *Ethiopian oral literature: A preliminary Review and Bibliography. Paper delivered at the international conference of Ethiopian studies (8th : (1984)*. Addis Ababa: Addis Ababa university.
- Fekade Azeze. (1991). *Yesinaqal Mamriya*. Addis Ababa: Bole Printing Enterprise.
- Finnegan, R. (1970). *Oral Literature in Africa*. Oxford: Clarendon Press.
- Finnegan, R. (1992). *Oral Traditions and The Verbal Art: A Guide to Research Practices*. New York: Francis e-Library.
- Okpewho, I. (1992). *African Oral Literature*. Bloomington and Indianapolis: Indiana University Press.
- Sims and Stephen. (2005). *Living Folklore: An introduction to study of people on their traditions*. Longan Utah University press.
- Sumner, C. (1997). *Oromo Wisdom Literature Vol. II: Songs: Collection and Analysis*. Addis Ababa: AAU Publisher.
- Short, Mick. (1996). *Exploring the Language of Poems, Plays, and Prose*. London: Longman.
- Tadesse, J. (2016). Oral poetry as herding tool: a study of cattle songs as children's art and cultural exercise among the Guji-Oromo in Ethiopia. *Journal of African Cultural Studies*, <http://dx.doi.org/10.1080/13696815.2016.1201653>
- Tashoomaa, E. (2017). *Ogafaan Oromoo: Hidhaa Barnootaa sagantaa Digirii Lammaffaaf Qophaa'e*. Ambo, Oromiyaa.
- Tyson, L. (2006). *critical theory today: A User-Friendly Guide, 2nd edition*. New York London: Taylor & Francis Group.
- ሰለሞንተሾመ:: (2007):: ፎክሎር: ምንነትና የጥናት አቅጣጫ. አድስ አበባ: ፋር አሰት ትሬድንግ PLC::
- ፍቅሬ ቶላሳ:: (2008):: የኦሮሞና አማራ እውነተኛ የዘር ምንጭ. አድስ አበባ: ካቢኒት ኤምሲ ፔኤልሲ::